# MAQAA ABBAA, KANILMAA, KANAFUURA QULQULLUU, WAAQAYYO TOKKO AMEEN!

# ICCITIIWWAN MANA KRISTAANAA

# BARRUU LEENJII
# BARSIISOTA HAARAAF QOPHAA'E

**QOPHEESSITOONNI: BARSISAA FIQAADUU SAAHILEE**

**FI**

**BARSIISAA TASFAAMIKAAEL TAAKALAA**

**MANA KIRISTAANA ORTODOKS**
**TAWAAHIDOO ITIYOOPHIYAATTI**
**QINDEESAA FI QAJEELCHA**
**MANNEEN BARNOOTA SNBATAA**
**WALDAA QULQULLOOTAATTI**
**KUTAA BARUUMSAA FI**
**TAJAAJILA DUUKABU'UMMAA**

**EEBLA BARA 2003**

**MAQAA ABBAA, KANILMAA, KANAFUURA QULQULLUU, WAAQA TOKKO AMEEN!**

# ICCITIIWWAN MANA KIRISTAANAA

## SEENSA:

Ilma namaaf waan barbaachisu kan beekuu Waaqayyoon, jireenya fi dhaloota foonii keenyaf qofa osoo hinta'in jireenya, dhaloota fi kanniin biro isaan luubuu namaatif barbaachissa ta'an mara mijeesseera. Kennaawwan kana Mana Kristaanaf kennee Mana Kennaa waaqayyoo erga godheen booda Amantootaf akka kennitu (raabisituu) godheraa. Kennaawwan kana kessaa guguddoowwan iccitii torban mana kiristaanati. Iccitiiwwan kun namoota Amantaan dhiyaatan hundaaf kennaa jireeyna haara, tajaajilaa fi tookkummaa fi fayyina goonfachiisa.

Iccitiiwwan kan raawwataman Mana Kiristaanatti Lubootaafii, Amantootaaf yoota'u kan raawwataman ammoo tajaajiltoota Waaqayyoon angoo isaanif kenneenidha. Iccitiiwwan kana hirmaachuuf namootni haaraan amantaan dhufanis haata'an namoota amantaan jiran (Kiristaana) ta'anif kan raawwatamu yoo ta'u icciitiiwwan kan raawwatanis ta'ee namoota isaanif raawwatamuuf kabajan nigeessisu.

Iccitiiwwan Waaqayyoon gatii malee nuuf kenne kun, icciitii fooni irratti hundaa'ee dhaabbachuun Mana Kiristanaa kan ijaaran utuboota icciitiiti. (Fak.9:1-5). Iccitiiwwan kun ilmaan namaa hundaaf iccitiiwwan chaappaa fayyinaafi qulqullinaa waan ta'aniif namin hundi bekuu qofa osoo hinta'in hundee hojiiwwan Kiristaanummaa jireenya isaa guyyaa guyyaanii keessatti hirmaachu qaabu dha. Iccitiiwwan irra deebii'amaniifi irra hindeebi'amne jedhamanii qoodaman kun keessumattuu barattoota leenjii bakka bu'oota barsiisotaaf yeroo gannaa leenji'aniif qaamaa leenjii taa'uun isaa akka beekaniifi aka rawwataan jireenya fi duubbinis dhallotaaf aka dabarsaaniifii yeroo iccitiiwwan raawwatamanis rakkinaalee mul'atan irratti ofii isaanii dabalanii qaama furmaataa akka ta'an dandeessisuufi.

Leenjichi yeroo kutaa lamatti sa'aatii 20 fi kan kennamu yoo ta'u, mataduree xixiqqa torbatti qodaame dhiyaateera. Mataduree xixiqqaaan 1-5 jiran yeroo kutaa duraatti, 6-7 kan jiraan ammoo yeroo kuta lammaffaatti duraa duuban kan itti dhiyaatu yoota'u, yeroo kutaa tokkoffaarratti gilgaal shan, yeroo kutaa lammaffaarratti ammoo gilgaalawwan afur hojjachuudhan leenjichi kan geggeessamu ta'a.

# Dubbisa Gargaarsaa 1:1

## Iccitiiwwan mana kiristaanaa Kan jedhamanu issan kamiidha? Hiikni issaaniihoo?

Icciitiiwwan mana kiristaanaa kan jedhamaan baay'inni issaanii torba yoo ta'an issaaniis:-

1.1.1 Iccitii Cuuphaa ( Maarq 16:16)
1.1.2 Iccitii Meeroon (Yoh 1[faa] 2:20)
1.1.3 Iccitii Qurbaanaa (Mat 26:26)
1.1.4 Iccitii Lubummaa (Mat 18:18)
1.1.5 Iccitii Qalbii jijjiirrannaa (Hoj.erq 2:38)
1.1.6 Iccitii Qandiil (ya'iq 5:14)
1.1.7 Iccitii Takliil (Mat 19:6)

Icciitiiiwwan kun qoodama ada adaa qaban. Inni duraa iccitiiwwan irra deebi'amanii fi iccitiiwwan irra hindeebi'amne isa jedhudha.

| Lakk. | Kan irra deebi'aman | Kan irra hindeebi'amne |
|---|---|---|
| 1 | Iccitii Qurbaanaa | Iccitii Cuuphaa |
| 2 | Iccitii Qalbii Jijjiirrannaa | Iccitii Meeroon |
| 3 | Iccitii Qandiil | Iccitii Lubummaa |
| 4 | | Iccitii Takliil |

Qodiinsi lammaffaan iddoo sadi'itti kan kaa'u yoo ta'u akkaataa armaan gadiitti dhiyaata.

| Lakk. | **Iccitiiwwan jiireeyna haaraa kennan** | **Iccitiiwwan qabeeyna tajaajilaafi tokkummaa kennan** | **Iccitiiwwan fayyina fooniifi lubbuu kennan** |
|---|---|---|---|
| 1 | Iccitii Cuupha | Iccitii Lubummaa | Iccitii Qalbii jijjiirrannaa |
| 2 | Iccitii Meeroon | Iccitii Takliil | Iccitii Qandiil |
| 3 | Icciitii Qurbaanaa | - | - |

## HIIKA ISAANII:

A. **Cuuphaa**:- Jechun cuuphamuu, bishaan keessa bu'uu , bishaan keessaa lixanii ba'uu, qamaa hundaan bishaan kadhannaan itti raawwatame keessa lixuu hiikaa

jedhu qaba. Icciitiini Yoo hiikaamu cubbuu fi yakka cuuphamaan raawwate kan balleesuu, namni lammata akaa dhalatuu fi ijoollummaa waaqayyoo aka argatu kan godhu, iccitiiwwan Man Kiristaanaa biroo hirmaachuuf seensa /balbala/ kan ta'e icciitii kennaa fi amantiiti.

B. **Meeroon**: - "Meeroon" jechi jedhu jecha "Tsiri'i" yoo ta'u hiiknisaa urgaa, mi'aawaa, urgaa gaarii onnee namaa hawwatu qabu, bifaan zayita kan fakkaatu, biqiltuuwwan adda addaa irraa funaanamee kan qophaa'u dibata qulqulluu jechuudha.

C. **Qurbaana**: - Qurbaana jechi jedhu "Surist fi Griik" iiraa kan argame yoo ta'u hiiknisaa kenna ykn dhiyeessa, aarsaa, maallaqa Waaqayyoof dhiyaatu yookan kennamu jechuudha.

- ❖ Du'a gooftaa keenya Iyyasuus Kiristoosin cubbun adunyaa kan ittiin haxaayame, ittii cimaa Kiristoos jireenya bara baraa aduunyaaf ittin kennee fi bu'uura fayyina keeynaa kan ta'edha.
- ❖ Iccitiiwwan Mana Kiristaanaaf isa ol aanaa, geengoo /marsaa/ fi raawwachiisaa isaaniiti.

D. **Iccitii Lubummaa**:- Jechi Luuba jedhu tajaajiluu, aangoo lubummaa argachuu /Diyaaqonii, Phaaphaasii, abbaa aangoo hafuurawaa ta'uu/ filatamuu, hiika jedhu laata. Hiikni isaa isa iccitii tajaajila la'ee iccitiin muudamuu, filatamuu ilaallata.

- ❖ Fuulleen yoo hiikamu Qeesii, Phaaphaasii, tajaajilaa Waaqayyoo, hoogganaa, barsiisaa, abbaa afuurawaa jechuudha. Tajaajilli isaa Amantaaf qofa kan adda ba'e dha.
- ❖ Nama gara Mootummaa Waaqayyootitti kan dhiyeessu, tajaajila afuurawaa kan kennu, kennaa fi aangoo Waaqayyo irraa argame dha.
- ❖ Iciitiiwwan mana kiristaanaa raawwachuuf aka danda'aniif namoonni fiilataman kennaa fudhatanuudha. Eyyamna Waaqayyoo kan of keessaa qabu waamicha Balfataa, filannoo samiirraa, muudamaafii kabaja, tajaajjila samiitiif kan adda itti ba'aniifii iccitii jabaa too'ataa amanammaa ta'uuf itti muudamanidha.

E. **Iccitii Qalbiii Jijjiirrannaa:-** Gaabbe, gadde hiika jedhu qaba

- ❖ Hojii hojjatamuuf hin malle yookin cubbuu hojjatameetti gadduu, maaloo otoon hojjachuu baadhee jiraadhee, maaloo otoon itti dhiisee, guyyaa maaltu kana natti fide jechuudhaan gaabbuu dha.
- ❖ Yakka raawwatame beekanii lammaffaa yakka aka hindaballe murteessanii Waaqayyoo fi Luba duuratti lapheerraa gadduun cubbuu ofii dubbachuun

hiidhama cubbuurraa kan itti hiikamanii fi Waaqayyo irraa dhiifama kan itti argatan iccitii guddaadha.

F. **Iccitii Qandiilii: -** jecha Laatinii "Kaandil" jedhu ka'uumsa kan godhate jechi kun hiika ibsaa jedhu qaba.

- ❖ Dhukkubsattoonni dhukkuba luubbufi fooniirraa kan ittiin fayyan jechuunis, iccitii guddaa fayyinni foonii fi cubbuu irraa hiikamuun ittiin argamu dha.

G. **Iccitii takliilaa: -** goonge, kabaje hiika jedhu kan qabu jechi kun jecha Gi'iizii yoo ta'u kabaja hiikaa jedhu qaba.

- ❖ Sirna gaa'elaa, jecha waadaa, Luboonni misirrichaafii misirrittii irratti (gidduu isaaniitti) kan raawwatan gaa'ela diigamuu hin dandeenye jechuudha.
- ❖ Jecha waadaa fuudhaf heeruma misirroowwanii Amantaan kan mirkaneessu, dirqama dirqama fuudhaf heerumaa ba'uuf kan dandeessisu, jaalalaan kan waliiti hidhu, tokkummaa itti fufiinsa qabu kan argamsiisu, ittii guddaa chaaappaa qulqulluu foon isaafii dhiiga isaan kan raawwatamudha.

# Dubbisa Gargaarsaa 1:2

## <u>Maalif Iccitiiwwan Jedhaman?</u>

**<u>Iccitii</u>**:- fuulleen yooka hiikamu, dhikataa, kan hinmul'anne jechuu yoo ta'u bal'inaan yookaa hiikamu ammoo:-

- ❖ Namoota heduuf (warra-alaatif) kan hin mul'anne, kanneen filatamaniif (jaaleewwaniif) warra murtaa'aniif qofa kan beekamu
- ❖ Daa'immaniif kan hin ibsamne/ kan hin himamne
- ❖ Beekkumsaan ol kan ta'eefii wantoota qaamoota miiraan beekuun hin dandeenye qabata.

- o <u>Akkasumas iccitiiwwan kun: -</u>
  - ❖ Kanniin isaanif maluuf, kanniin filatamaniif, jaaleewwan Mana Kiristaanaaaf qofa malee namoota hedduufii Mana Kirisaanaan ala namoota ta'aniif hin raawwatau.
  - ❖ Sammuun ijoollee kan ta'aniif jechuun, namoota hin amanneefii jajjaboo kanniin hin taaneef hin raawwatamu.
- o <u>Dabbalataanis iccitiiwwan Mana Kiristaanaa</u>
  - ❖ Tajaajilaa fi mallattoo mul'atuun kennaa Waaqayyoo hin mul'anne kan kennisiisaniifi
  - ❖ Qaamoota miiraa keeynan hubachuu kan hin dadenye /qaamni guddaan mul'atu hojjaa Afuura Qulqulluun yookaa jijjiiramu mul'achuu dhiisuun isaa...kkf/ bekkumsaan ol kan ta'aniifii amantaan qofa kan fudhannu waan ta'aniif iccitii jedhamaniiru.

# Dubbisa Gargaarsaa 1:3

## Iccitiiwwan Man Kiristaanaa Akkamiin Ibsamu?

Karaa ittiin ibsaman mul'isuuf karaa ibsaa lamaan tarreesuun ni danda'ama. Inni duraa jechaa/afaniin/, barreeffamaan, bu'aa maxxansa sagaleefii fakkiin, akkana yookan isa kana fakkaata karaa jedhamee ittiin ibsamudha. Inni lammataafii inni angafni kan raawwatuu fi kan raawwatamuuf Mana Kiristaanaa qulqulluu keessatti yookaa raawwateeffii yoo raawwatameef qabatamaan karaa ittiin mul'atuudha. Inni kun jireeyna ykn jiruun iccitiiwwan raawwachuun namoonni faayidaa foonii fi luubuu isaanitiif jireeyna kiristaanummaa jiraatan kan mul'isu dha. Jecha kanna guca (uunkaa) gadii irraa ilaaluun ni danda'ama.

| Lakk. | Iccitiiwwan Mana Kiristaanaa | Ibsa |
|---|---|---|
| 1 | Iccitii Cuuphaa | Amannii fi cuuphamuun |
| 2 | Iccitii Meeroonii | Cuuphaan booda qaamolee 36 dibuun |
| 3 | Iccitii Qurbaanaa | Meeroonii fi Iccitiiwwan biroo booda yeroo ada addaa fudhachuudhan |
| 4 | Iccitii Lubummaa | Ga'uumsan Lubummaa fudhachuu fi kabajaan eeguu |
| 5 | Iccitii Qalbii Jijjiirrannaa | Yeroo yeroodhan cubbuun gadduu , Waaqayyoo fi Lubaa duratti dubbachuun lammata akka hin yaakkine falmuudhaan |
| 6 | Iccitii Qandiilii | Yeroo dhukkuba fooniif lubbuu iccitichatti amanuun qalbii jijjiirratanii sirna isaa raawwachuu |
| 7 | Iccitii Takliilaa | Jireeyna qulqullina fooniin murtaa'anii akka sirnichaatti wal-fuudhun. |

Kannaafuu dubbisaan (leenji'aan) iccitiiwwan Mana Kiristaanaa dubbiinis ta'ee jireeyna ofiitin ibsuuf tattaaffii gochuu qaba.

# Dubbisa Gargaarsaa 1:3

## Faayidaan Iccitii Mana Kiristaanaa maali?

Faayidaa iccitii Mana Kirstaana yoo jennu kennaa iccitiiwwaniin kennaman jechuu Kenya. Waaqayyoon karaa iccitiiwwan isaan amantootaaf kennaa isaa gatii malee kenna. Iccitiiwwaniin kennaawwan argaman kun namootaf jireeyna lubbuu fi fooniif fayyidaan laatan akkaataa armaan gadiitti gabaabbinaan dhiyaateera.

### 1. Iccitii Cuuphaa

**A- Hidhaa Cubbuu irraa hiikamuuf**

- Kiristoos wajjin du'anii Kiristoos wajjin ka'uu argamsisa
- Gooftaa wajiin tokko ta'uu dandeessisa
- Miseensa Mana Kiristaanaa nama taasisa

**B- Dhaloota lammaffaa**

- Keenaa ilma Waaqayyoo ta'uu
- Jireeyna haaraa argachuu/ uumama haaraa

### 2. Iccitii Meeroonii

- Kennaa afuura qulqulluu fudhachuuf /cuuphan booda/
- Luuboota Waaqayyoo muuduuf
- Mana Waaqayyoo fi meeshaalee qulqulluu kabajuuf

### 3. Iccitii Qurbaanaa

- Jireeyna bara baraa kennisiisuu
- Haqama cubbuu argachiisuu
- Luugama cubbuu barbadeessuuf
- Nama Waaqayyo wajjin walitti fiduuf
- Kiristoos wajjin tokkummaan jirachuuf

### 4. Iccitii Lubuumma

- Ergamaa lafarraa taasisuu
- Abbaa angoo samii taasisuu
- Raawwataa iccitii hundaa taasisuu
- Karra banaa fi dura ta'aa Mana Kiristaanaa akka ta'u dandeessisuu
- Too'ataa fi tiksee namootaa gochuu

- Abbaa furaa Motummaa samii gochuu

5. **Icciitii Qalibii Jijjiirrannaa**

- Haqaa cubbuu
- Waaqayyo wajjin araaramuu
- Nageeyna dhugaa /gonkaa/

6. **Iccitii Qandiil**

- Fayyina foonii
- Fayyina lubbuu

7. **Iccitii Takliilaa**

- Walta'iinsaa dhugaa
- Jaalala dhugaafii itti fufiinsa qabu
- Firiiwwan (ijoollee) eebbifamoo

Walumaagalatti iccitiiwwan torban Mana Kirstanaa kiristaanni tokko lafa kana irra akka eeyyama waaqayyootti akkamiin akka deddeebi'uu fi jiraachuu qabu kan mul'isaniifi jireenya kirsitaanawaa qabatamaan kan agarsiisan yoo ta'an Mootummaa Waaqayyoo kan samii dhaaluuf namni barbaadu hundi jireeyna isaanii lafarraatti qajeelfamoota raawwachuu qabaniidha. Armaan olitti faayidaalee isaanii tokko tokkon tarreesuuf yoo yaallyyuu tokko tokko irraa adda kan hinbaane; faayidaa jecha foonitiin ibsamee hin xumuramne akka qabanii fi isaan malee Kiristaana jedhamanii waamamuun akka hinda'amne beekuun barbaachisaadha.

# Dubbisa Gargaarsaa 1:5

## Iccitiiwwan Mana Kiristaanaa Akkamiin Raawwatamu?

Manni Kiristaanaa iccitiiwwan Mana Kiristaanaa sirna ittiin raawwattu qabdi malee akka feeteen fedhii namootaa irraatti adeemsa hundaa'e hin hordoftu. Sirna raawwii isaanii akkaataa armaan gaditti dhiyaaten ilaala.

A. **Iccitii Cuuphaa**

1. Cuuphaaf ulaagaaleen barbaachisoo ta'an guutamuu isaanii Lubichi ni mirkaneessa
2. Luboonni bishaan cuphaaf qophaa'e fii kirrii mormaa irratti kitaaba kiristinnaatin kadhannaa adeemsisu
3. Luboonni seera "Qiddaasee" cuuphaa ni adeemsisu
4. Lubni bishaan eebbisee gara mayagabootti erga jijjiireen booda cuuphamaa ni cuupha.
5. Dhiirri dhiira dubartiin ammoo dubra Kiristinnaa kaasu
6. Kiristinnaa kan kaasu quba abbuudduu cuuphamaa qabeet kadhannoo amantaa ni dhaqqabsiisa
7. Cuuphammaf maqaan kiristinnaa ni moggaafamaaf
8. Lubni qaama cuuphamaa meeroonii diba. kirrii moorma irratti hidhaafi
9. Seerri cuuphaa erga raawwateen booda serri kadhannaa "Qiddaasee" isoo hin jalqabamin dura hundi isaanii gara Nama Kiristaanaa seenanii iddoo iddoo isaanii qabatu
10. Lubni daa'ima cuuphame abbaa ykn haadha kiristinnaa irraa fuudheetu haadha deessetti laata
11. Sirna kadhannoo "Qiddaasee" adeemsisanii, foonif dhiiga qulqulluu gooftaa fudhatanii imaltoota isaaniin marfamanii gara mana isaanitti deebi'u.

B. **Iccitii Meeroon**

Namoota angoo luubummaa qabaniin qoofa kan raawwatamu ta'ee: -

1. Luubni meesha meerron qabate dhundhulcheetu quba abbooddu harka mirgasaa tuqsiisa
2. Cuuphamaan mataa isaa gadi qabeet fuuldura Lubaa dhaabbata.
3. Luubin Meeroon akka qabaateen cuuphamaa irratti kadhannaa godha
4. Qaamota cuuphamaa 36n mallattoo fannootiin diba.
5. Lubichi adda (fuula) isaa bitaa fi mirgaa yoo dibu fuula isaarratti afuura baasa

6. Dibbee yoo xumuru cuuphamaa irraatti harka isaa godheeti “ suuga samiitiin kan suugamte ta’i ” jechuun ni eebbisa
7. Cuuphamtuun geessuu yookaa taate gaggeessa “Diyaaqonaayiitiin” (harka Lubaa qabattee) Lubni uwwisaan dowatee qaamolee ishee akka dibdu taasisa.
8. Mukkeen dhaabbatoon, karraaleen, foddaaleen Manneen Kiristaana harawwanii Qomoosotaafii Phaaphaasotaan mallattoo fannootiin ni dibaman
9. Meeshaawwan qulqulluu haaraan meerooniin kabajamu
10. Iccitiin Takliilaa yeroo raawwatamu misirroonni meeroniin chaappeffaman.

C. **Iccitii Qurbaanaa**

1. Qamadii qulqulluu fi wayinii irraa qopha’a. (Qamadii sinbirri hin tuqne, qorri hin rukunne, fii bookeen hin nyaanne irraa fi akkasumas Wayinii sinbirri hinxuuxnefii hintortorre (waggaa tokko hin guunne) irraa)
2. Qamadiin kan kadhaannaa ti jedhameetu qabduu meeshaalee Mana Kiristaanaan erga moggaafameen (qophaa’een) booda Diyaaqoniitti laatama.
3. Diyaaqoniin Beeteliheem keessatti qofa qopheessa.
4. Lubootiin Leemmatii sokoo keessatti kabajaan kaa’aniitu gara Maqdasiitti geessu
5. Sirni Qiddaasee erga raawwateen booda Lubootnifii amantoonni akka taaytaa isaaniitti fudhatu.

D. **Icciitii Qalbii Jijjiirrannaa**

1. Amanaan cubbuu isaa dubbachuuf gara Lubaatti ni deema
2. Lubni fuula gaariin simata
3. Luubni amanaan cubbuu hojjate otoo hin dhoksin aka dubbatu ni jajjabeessa
4. Amanaan cubbuu isaa osoo hin dhoksin Waaqayyoo fi Luba fuulduratti ni dubbata
5. Lubnis caqaaseetu adabbii (“Qannoonaa”) barbaachiisaa ta’e kennaafi
6. Akka hin dadhabne hordofuudhaanis ni jajjabeessa. Yoo xumurus “nuzaazee’ laatafi
7. Foonii fi dhiiga gooftaa keenya Iyyasuus Kiristoos akka fudhatu ni gorsa

E. **Icciiii Lubummaa**

1. Aangoon Diyaaqonummaa fi Lubummaa Phaaphaasiin harka irra kaa’un qofa laatama.
2. Phaaphaasummaan Paatriyaarkiin yookan Phaaphaasota sadi’iin harka irra kaa’uun raawwatama.

3. Manokseewwan, Diyaaqonootaa fi Diyaaqonoota niitii tokko fuudhaniif aangoon Lubummaa ni laatama.
4. Amantaafii amala gaarummaa isaanii warra uummanni mirkaneesseefiif ni laatama.
5. Beekumsa Lubummaaaf isaan geessisu erga mirkaneessanii booda laatamaafi (fkn Iccitii utubaalee).
6. Xumura seera muudamaa irratti Qiddaasee erga seenanii fi fooniif dhiiga gooftaa fudhatanii murtiin guyyaa afurtamaaf akka sooman erga itti himameen booda xumurama.

F. **<u>Iccitii Takliilaa</u>**

1. Warreen qulqullina foonii qabaniif (dubra ta'aniif) qofa raawwatama
2. Phaaphaasotaaniifii Qeesotaan raawwatama
3. Wangeelliif fannoon misirroota duraa ni taa'a
4. Meeshaalee qulqulluuwwan seera Takliilichaaf barbaachisaa ta'an hundi ni dhiyaatu
5. Kadhannaan ajajame Meeshaawwan qulqulluu irratti kadhatameetu eebbifamu.
6. Gaddaaniis ta'ee gaammachuun akka addaan hin baanee waadaa kakuu ni raawwatu
7. Misirrichi misirrrittiif misirrittiin ammoo misirrichaaf "Qalabata" waliif kaa'u.
8. Kitabinii Takliilaa dubbifamaatii akka seerichaatti raawwatamaafi
9. Misirroonni Meerooniin chaappeffamu
10. Foonii fi dhiiga gooftaa fudhchuun tokko ta'uu isaanii mirkaneessu
11. Qulqullina foonii (Dubrummaa) isaanii warri hin eegne qalbii jijjiirratanii kadhannaan Ma'asbaa kadhatameefii fonii fi dhiiga gooftaan wal-fudhu

**G. <u>Icciitii Qandiilii</u>**

1. Phaaphaasotaaf Qeesotaan qofa raawwatama.
2. Dhukkubsattoota qalbi ijijjiirrataniif ni raawwatama
3. Tajaajiltoota torbaan raawwatama
4. Ibsaan ni ibsama
5. Dibatni Qulqulluun (dabata zayitii) ni dhiyaata
6. Kadhannaan qandiilii ni kadhatama
7. Zayitii kadhannaan irratti gaggeeffame qaamota dhukkubsataa irratti mallattoo fannootiin ni dibama.

# Dubbisa Gargaarsaa 2:1

## Iccitiileen Mana Kiristaana Eeynuuf Raawwatamu?

Icciitii mana kiristaana walmagali amantaa kiristaana keesat Amananee kan dhufanuuf amantaawwan haarafiisii ta'enamantoota amantiichooa keesa jiraanuuf kan rawwatamu yoo ta'uu tokko tokkon ellluufakka dan deemuuf guca (unnkaa) kannan gadi dhiyyateen elalu ndndeiinnaa

| Lakk. | Icciitiiwwan Mana Kiristaanaa | Eeynuf Raawwatamu? |
|---|---|---|
| 1 | Iccitii Cuuphaa | Daaimnif dhiirraa, fi dubera syuuaa 40 fi 80 ttii<br>- amantoota haaraa giNiuusee kirs feani yeroo/ umufii/ dhuffaneetii |
| 2 | Iccitii Merroon | • cuuphamitoo ta haaraa, daaimaniif wafro ququdaaf<br>• -Misiroonni Takiilaan wal fuudhaanuuf<br>• Mana kiristaana haaraa Jarrameef<br>• Meeshaawwan qulquluu haaraa kan man waaqayoo fi |
| 3 | Iccitii Qurbaanaa | • Cuuuphoonanii Meerooni in kan chaappa fa manee daaiman fi warna gaguda<br>• Amantoota icciitii man kiristaana raawwatameef |
| 4 | Iccitii Luubummaa | • Waaqayyoo kan wammameef kan fiila lameef<br>• Amantii tajaajilla qabataman kan qabuuf<br>• Fe dhiif raaji kan qabuu<br>• Odoon, odoohin murtoainii barsisuuf kan feedhi qabu<br>• Dandeeti fi beekumisaa qe'aa kan qabuuf<br>• Namuusaa qeri kan qabuuf<br>• Qulqullina isan kar fegeef. |
| 5. | Iccitii Qalbii Jijjiirrannaa | • Cubbu hojjatyamee dabreen kan gaddee kan qaabbee<br>• Lammafa cubbuu akka hin rawwanta kan murteesefi<br>• Mindaaan cubbuu lbuaani du'aa aka ta'ee kan beekefi<br>• Gorsaa ruuba (luubota)<br>• Kan fuudlatuu aagoo luubotaan kan amanuu. |

| | | |
|---|---|---|
| 6. | Iccitii Takliilaa | • Qulqullinaa goomil (Dingillinnaa) kan Eegeef (eegideef)<br>• Kabajaa icciitii Takliilaa kan beekuuf beetuuf<br>• Kaayyoo wal-fuudha beekunnii Taklilaan wal0fuudhuuf kan hayyaneef (hayyamiifeef) |
| 7. | Iccitii Qandiil | • Dhukkuba lubbuu fi foonii kan qabameef<br>• Cuubbuu isaa amanee luuba fi kan dubb atee.<br>• Kadhannoo qorsaafi afuuraad angoo luubami kan amaneef |

# Dubbisa Grgaarsaa 2:2

## Raawwii Iccitiilee Man Kiristaanaa Irratti Rakkiinnaleen Mula'aatan Maalfaadha? Furmmatni isaaniihoo Malidha?

| Raakiinaalee | Furmaata |
|---|---|
| **Iccitii Cuuphaa:-**<br>❖ Guyyaa cuupha dabaarsuu<br>❖ Qaama cuuphamaa Meeroon dibuu dhiisuu<br>❖ Bishan cuuphaa irratti Meeroon naquu<br>❖ Amantoota haaraan otoo hin baratin akkuma dhufaniin cuuphuu<br>❖ Cuuphamaan erga Mana Kiristaana seenee booda Meeroon dibuu<br>❖ Erga Qiddaaseen eegalameen booda cuuphuu ykn otoo Qiddaasee hinraawwatiin fooniif dhiiga qulqulluu gooftaa laachuu<br>❖ Maatiin daa'ima cuuphamuu kunuunsituutti gatanii ofii isaanitiif sirna Qiddaaseerratti otoo hin hirmaatin galuu<br>❖ Bishaan hii'aa pheermuziitti qabanii cuuphaaf dhiyeessuu | ❖ Guyyaa murameefitti cuuphuu<br>❖ Meeroonii dibuu<br>❖ Bishan cuuphaa irratti Meeroonii naquu dhiisuu<br>❖ Sirriin barsiisanii cuuphuu<br>❖ Iddoo cuuphameetti dibuu<br>❖ Qiddaaseen dura seera isaa xumuruu<br>❖ Maatiiniif kanniin isaan waalechan otoo Qiddaaseen hin xumuramin dura gara manaatti akka hin galle gochuu<br>❖ Akka seerichaatti bishaan cuuphaa qopheessuu |
| **Iccitii Meeroon:-**<br>❖ Meeroonitti fayyadammuu dhiisuu<br>❖ Qaamota 36 dibuu dhiisuu<br>❖ Akkaataa itti fayyadama Meeroon wallaaluu /dhukkubsattootaaf dibuu/<br>❖ Maqaa meeroonin zayitoota birootti fayyadamuu | ❖ Meeroonitti qofa fayyadamuu<br>❖ Qaamota 36n dibuu<br>❖ Akkaataa itti fayyadama isaa barsiisuu<br>❖ Meeroonitti qofa fayyadamuu |
| **Iccitii Qurbaanaa:-**<br>❖ Warra qorroban umriin daangessuu<br>❖ Warra haaraa qorrobaniif seera malee akka jigii baasan gaafachuu<br>❖ Warra Qurbaanaaf dhiyaatan maallaqa gaafachuu<br>❖ Qorrobuuf gaa'ela raawwachuu akka ulaagaatti | ❖ Akka umriin hindaangessine barsiisuu<br>❖ Fedhii isaniin kan dhiyeessaniin ala gaafachuu dhiisuu<br>❖ Goonkuma dhrkaa ta'uusaa barsiisuu<br>❖ Warra gaabbii galan maraaf laachuu<br>❖ Akkaataa taayitaa isaaniitti qorrobsiisuu |

| | |
|---|---|
| kaa'uu<br>❖ Warra qorroban akkaataa taaytaa isaanitti qorrobsiisuu dhiisuu | |
| **Iccitii Qalbii Jijjiirrannaa:-**<br>❖ Qalbii jijjiirrannaa faayidaalee adda addaan jijjiiruu<br>❖ Warra sooressa ta'aniifii abbootii taayitaa qalbii jijjiirrannaaf geessisuu dhiisuu<br>❖ Lubni iccitii qalbii jijjiirrataa eeguu dhiisuu<br>❖ Eenyummaa fi dandeettii qalbii jijjiirrataa furmaata giddugaleessa godhate laachuu dhiisuu<br>❖ Waa'ee iccitii qalbii jijjiirrannaa amantoota barsiisuu dhiisuu<br>❖ Qalbii jijjiirrataa too'achuu dhiisuu<br>❖ Faayidhaa Qalbii Jijjiirrannaaf hubannoo dhabuu<br>❖ Qalbii jijjiirrataan Luba shakkuu<br>❖ Qalbii jijjiirrataan if ifa godhee dhiyaachuu dhiisuu | ❖ Hijii abaarame ta'uusaa barsiisuu<br>❖ Namoota kan osii hin saalfatiniifi osoo hin shakkin barsiisuu<br>❖ Fuula abbummaatiin amantoota simachuu<br>❖ Nama iccitii qabu ta'anii tajaajiluu<br>❖ Eenyummaafii humna isaanii madaalanii gargaaruu<br>❖ Sirriin barsiisuu<br>❖ Hordofaatii jajjabeessuu<br>❖ Faayidaa isaa sirriin mul'isuu<br>❖ Luba amananii tajaajilamuu<br>❖ Ifaan cubbuu ofii dubbachuu |
| **Iccitii Lubummaa:-**<br>❖ Ulaagaa Lubummaa osoo hin guutin muudamuu/ laachuu/<br>❖ Aangoo, kabajaafii kaayyoo Lubummaa hubachuu dhiisuu<br>❖ Itti gaafatamummaa fi ergama Lubummaa hubachuu dhiisuu | ❖ Ulaagaa guutanii raawwachuu<br>❖ Haalan hubachuu<br>❖ Sirriitti beekuuf ifaajuu |
| **Iccitii Takliilaa:-**<br>❖ Osoo qulqullina foonii hinqabaatin Takliiliif dhiyaachuu<br>❖ Qalbii jijjiirrannaan dubra nama godha isa jedhu hubachuu dhiisuu<br>❖ Sirna Takliilii faayaafii of agarsiisuuf qofa fayyadamuu<br>❖ Iddoolee itti raawwachuuf hin malletti raawwachuu | ❖ Warra qulqulluna qaamaa qabaniif qofa raawwachuu<br>❖ Qalbii jijjiirrannaan dubrummaan akka hindeebine beekuu<br>❖ Kabajaaf lubbuuf barbaaduu<br>❖ Mana Kiristaanaa qulqulleettii qofatti raawwachuu<br>❖ Iccitummaa isaa sirriin beekuu<br>❖ Humna amantootaa madaaluufi gargaaruu |

| | |
|---|---|
| ❖ Akka iccitiitti ilaaluu dhabuu (akka madda galiitti ilaaluu)<br>❖ Humnaan ol kanfalchiisuu/gaafachuu/<br>❖ Ija baasan raawwachuu /gar lachuunuu/<br>❖ Inni raawwatamuufi fi inni raawwatu ilaalcha gahaa qabaachuu dhabuu<br>❖ Beekumsa abbaa gaabbii malee Gadaamotaa fi Manneen Kiristaanaa birootti raawwachuu | ❖ Mataa ofii gadi qabuuniifi akka barbaachisutti ta'anii raawwachuu<br>❖ Hubannoo barachuun fooyyessuu<br>❖ Abbaa gaabbiin ala raawwachuu dhiisuu |
| **Iccitii Qandiil:-**<br>❖ Akkaataan raawwii isaafii faayidaan Manneen Kiristaanaa hedduutti beekamuu dhiisuu<br>❖ Luboota biratti xiyyeeffannoo dhabuu<br>❖ Amantoonni akka itti fayyadaman baruumsi ga'aan laatamuu dhiisuu<br>❖ Maqaa Dibata Qulqulluutiin zayitni dogongoraa raabsamuu | ❖ Akkaataa itti raawwatamuufi faayidaa isaa barsiisuu<br>❖ Xiyyeeffannoo gahaan laatamuufii<br>❖ Irra deddeebiin amantoota barsiisuu<br>❖ Mana Kiristaanaa Qulqulleettii keeessaatti qofa fayyadamuu |

# GUDUUNFA

Naaf ta'a, naaf raawwatama, dhugaadha jeechuun kan jalqaban jireyni hafuurawaa kan jalqabu kan guddatuufii kan xumuraaf ga'u iccitii Mana kiristaanaa raawwachuuni dha. Hojiin dhaabbataan fi inni hangafti Mana Kiristaanaas namoota lallaba wangeelaan amansiisuu fi akka ciman taasisuun iccitii Mana Kiristaanaaf dhaqqabisuudha. Iccitii Mana Kiristaanaa malee abbaa amantaa Kiritaanaa ta'uun, cubbuu irra bilisa ta'uun, Waaqayyo wajiin araaramuun, Mana Kiristaanaa tajaajiluun, dhukkuba foonii irraa hiikamuun, jireeyna nagaa gaggeessuun fi qabeenya Hafuura Qulqulluu fudhachuun walumaa galatti hafuurawaa ta'uun hin danda'amu.

Hirmaatonni leenjii kanaa dhalootaaf maalummaa iccitii Mana Kiristaanaa, faayidaafii barbaachisummaa, akkaataa raawwii isaafii himuu isaaniin dura ofii isaanii hirmaattota iccitiilee Mana Kiristaanaa gochuun kan irraa eegamu ta'uu isaa dagachuu hinqabani.

Yeroo leenjiin gaggeeffamus haata'u leenjiin booda adeemsa tajaajilaa qaban keessatti kitaabotee ragaaf barruu kana keessatti dhiyaatanis haata'u kitaabota Mana Kiristaanaa kana ilaallatanii barraa'an dubbisuuniifi luka hayyoota Mana Kiristaanaa jala taa'anii barachuun beekumsa isaanii cimsachuutu isaan irraa eegama. Barruu leenjii kana irratti kan dhiyaata akka jalqabaatti kan fayyadu qofa waan ta'eef gara jecha waaqayyoofii baruumsa Mana Kiristaanaa bal'aatti dhiyaachuun haga barbaachisu fudhachuun tokkoon tokkoon keenya irraa qooda eegamu ta'uu isaa otoo hin caqasin hin dabarru.

Sagaleen bara baraa Mana Kiristaanaa kan qaali'u namoonni gara mana cidhichaatti akka ol seenaniifi jigii dhiyaate irraa akka hirmaatan yaamudha. (Mat 22: 1-15). Gooftaan keenya Waaqni keenyaafii Fayyisaan keenya Iyyasuus Kiristoos irra deddeebiin kan barsiise isuma kana. Jigiin Mana cidhaa amantootaf kan laatamu ammoo iccitiiwwan turban Mana Kiristaanatiini. (fakkee. 9:1-7). Qopheessitoonni, tajaajiltoonnifii hirmaachistoonni lubootadha. Kanaaf amantoonni abbaa gaabbii malee akka hin teenyefii barnootaalee fageessan irraa akka of qusatan gorsuun barbaachisaadha. Mana Kiristaanaafi iccitiilee Mana Kiristaanaa Luboota malee yaaduun akka huurrii harkaan qabuuti. Kanaaf abbaa iccitiiwwanii kan taate Manni Kiristiinaa qajeeltuun amantaan, seerrifii, dabre dabreen isheen murtoofnee utubaalee ittiin jabaatte torbaniin (iccitiiwwan isheen) cimsinee qabuun tajaajiltoota ishee Lubootaaf ajajamuun haa jiraannu. Kanaafis arijummaan Waaqayyoo, araarsummaa fii waadaan qulqullittii qulqullootaa giiftii teenya dubree Maariyaam, gargaarsi qulqulloota maraa hunda keenya waliin haata'u amen.

Filename: Mistrate Betkrstiane Oromifa (Edited) Final 2 (2)
Directory: C:\Users\admin\Desktop\Ortho doc\Mk manuals\different document 2\oromrgna document and amharic document
Template: C:\Users\admin\AppData\Roaming\Microsoft\Templates\Normal.dotm
Title: ICCIITII MANA KRISTAANAA
Subject:
Author: nebea
Keywords:
Comments:
Creation Date: 10-4-11 3:34:00 AM
Change Number: 17
Last Saved On: 12-5-11 5:14:00 PM
Last Saved By: user
Total Editing Time: 562 Minutes
Last Printed On: 23-7-16 8:29:00 AM
As of Last Complete Printing
Number of Pages: 18
Number of Words: 3,805 (approx.)
Number of Characters: 21,694 (approx.)